Guraandhala 9, 2019

# Dhaabota siyaasaa Oromoof Waamicha Tokkummaa

Qeerroo fi qarreen Oromoo kanneen hifannaa tokko malee lubbuu isaanii dabarsanii kennuudhaan hacuuccaa fi saamicha TPLF/ERDF iggitii itti godhanii mootummaa amma jiru kan Muummicha Ministraa Dr. Abiy Ahmed'n hoogganamu gadi dhaabuu isaaniif galanni isaanii bilisummaa haa-ta'u jenna; akka isaaniin boonnullee ifa gochuu feena. Akkuma ibsa keenya Waxabajjii 2018 keessatti mul'atu waanjoo gabrummaa waggoota dhibbaaf uummata keenyarratti fe'ame diiguuf hamilee fi murannoon tattaaffii Dr. Abiy fi Gartuun Lammaa (Team Lammaa) godhan ni dinqisiifanna. Akka nuti amannutti nagaan waaraa, tasgabbii fi misoomni kan dhufuu danda'an sirni farra dimookraasii jaarraa tokko oliif biyya kana mancaase yoo dhabame qofa.

Kanaaf, waamicha mootummaan Dr. Abiy Ahmed rakkoo biyya kana keessa jiru nagaan qabsaa'anii furmaata itti godhuu jedhu fudhannee, kaayyoo ABO fiixaan baasuuf carraa gaarii dha jechuudhaan Muddee 29, 2018 hogganni ABO Finfinnee seenee jira. Erga biyya seennee jalqabnee abbootiin Gadaa, man-guddoonni bikka bikkaa fi shamarran waa'ee tokkummaa dhaabota siyaasaa Oromoo gaafachaa fi dhiibbaa gudaa gochaa jiraachuu isaanii argina. Fedhii fi yaaddoo isaan qaban kana nutis ni qooddanna, falas itti barbaaduudhaaf qophii guutuu qabna. Tokkummaan dhaabota siyaasaa Oromoo fi waliigala tokkummaan Oromoo, miidhaa waggoota dheeraaf nurratti fe'ame mancaasuurra taree tasgabbii Itiophiyaa fi gaanfa Afriikaaf illee murteessaa dha Jenna.

Waan hundumaa caalaa tokkummaan dhaabota siyaasaa Oromoo dhugaan kan utubamee fi hiree ifii ifiin murteeffachuu saba Oromoo wiirtuu kan godhate tahuutti amanna. Kunis waggoota dheeraaf kan qabsoofneef, jaallan qaqqaaliin kan itti wareegaman tahuu ni hubanna. Akkuma asii olitti tuqnetti tokkummaan dhaabbilee siyaasaa Oromoo fedhii fi hawwii manguddoo Oromoo, qeerroo fi qarree akkasumas waliigala fedhii uummanni Oromoo calaqqisu tahuu caalaatti erga biyya seennee hubannee jirra. Kanaaf, hawwii fi fedhii uummata keenyaa raawwachuuf, rakkoo dhaabbilee siyaasaa Oromoo gidduu jiru fuulaafuulatti dhihaannee furuuf qophii tahuu keenya hubachiisna.Waliigala sabboontotaa fi mararfatoota qabsoo mirga uummata Oromoo waliin tahuun karaa uummanni keenya hiree mataa isaa mataa isaatiin murteeffatee hoggana isaa ifiin filatee ifiin ittiin bulu diriirsuuf qophii tahuu keenya irra deebinee mirkaneesina.

Wanni caalaatti akka hubatamu feenu jira. Innis fedhiin keenya tarsiimoo waloo kan miidhaa uummata Oromoo waggoota dhibbaa oliif irra ture irraa kaasuun furmaata tahu diriirsuu fi kan tokkummaa Oromoo itichee nagaa waaraa fi tasgabbii fidu mirkaneessuu dha. Kanaaf, gartuuleen maqaa ABOtin sochootan hundii fi miseensonni leexaa yeroo ammaatti gartuulee eenyuu iyyuu jalatti hin hammatamin jirtan, garuu kan ABO waliin turtan hundi akka walitti deebinee rakkoo uummata keenyaa waloon fala itti soqnu waamicha goona.

Walitti deebi'uun keenya if fooyyeessuu fi wayyeessusu (reform) irratti kan hundaa'ee fi kan tarsiimoo siyaasaa, dinagdee fi waliigala toftaa qabsoo bilisummaa Oromoo qiyaasu akka tahu abdii qabna. Gartuun President Lammaa (Team Lamma) carraa banan akkasii nuuf hayyamuu isaaniif galatoomfachaa tattaffii tokkummaa (waliigaltee) dhaabbilee siyaasaa Oromoof yaalii tahaa jiru irratti, galma walgahii fi nageenya qophii kanaaf barbaachisu irratti gargaarsa akka nuuf godhan mootummaa Oromiyaa kabajaan gaafanna.

Dhumarratti, dhaabbileen siyaasaa Oromoo fi kanneen dhimmi laallatu hundi waan kanarratti qooda fudhachuuf fedhii keessan tahuu Guraandhala 15, 2019 duratti akka nubeeksistan hubachiisna. Guyyaa fi bakki walgahii deebii keessan booda isin beeksisna.

*Galaasaa Dilboo*

Galaasaa Dilboo